Dambii Lakk. 142/2004

# Dambii Waajjira Qindeesaa Piroojaktii Sirna Qabiinsa Ragaa Lafa Magaalaa Hundeessuuf bahe

Lafa Magaalaa qabeenya Muraasaa, guddina hawwasa-dinagdee magaalaaf murteesaa ta'e faayidaa misoomaatiif olchuun akka danda'amu hoji-maata ifaa ta'e diriirsuu, Ragaa lafaa fi qabeenya lafa waliin walqabatan haala ammayyaa ta'een Sirna Qabiinsa Ragichaa teeknoolojii haaraan deeggaramuun galmeesuu, bulchuu fi qusanaan fayyadamuun dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Sirna misooma fi bulchiisa lafa magaalaa qindawaa fi hammayyaawaa diriirsuuf dhimma kan ollaantummaan kan qindeessuu, humna magaalotaa fi qaamota galma ga'iinsa kaayyoo kanaaf hojjetan kan ijaaru, waajjira qindeessaa bifa piroojektii tiin hundeessuun barbaachiisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.163/03 keewwata 65(2 )tiin Dambii kanati aanu baahee jira.

## Kutaa tokkoo

## Tumaalee waliigalaa

**1. Mata Duree Gababaa**

Dambiin kun "Dambii Waajjira Qindeesaa Piroojaktii Sirna Qabinsa Ragaa Lafa Magaalaa Hundeessuuf bahe 142/2004 " jedhame waamamuu ni dandaa'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hika biroo kan keenisisuu yoo ta'ee malee Dambii kana keessatti**;**

1. "Mana Maree " jechuun mana maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
2. "Biiroo" jechuun Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatti.

3. ”Magaalaa” jechuun akkaataa labsii laakk 65/1995 fi 116/1998 tiin magaaloota qama seerummaa argatanii hundeefaman jechuudha.

4. ”Ragaa Lafaa” jechuun Ragaa lafaa fi qabeenya lafa magaalaatiin walqabatan agariisu jechuudha.

5. ”Qabeenya lafaa wajjin wal-qabatu” jechuun Ijaarsa seera qabeesaa sadarkaa adda adddaa irra jiru fi Mana tajaajila kamiyyuu kenu jechuu dha.

**3. Daangaa Raawwatinsaa**

Dambiin kun Magaaloota Naannichaa Waajjirri Piroojaktii **Sirna Qabiinsa Ragaa Lafa magaalaa** diriirisuuf socho'ani hunda keessatti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. Hundeeffamaa fi Itti waamama**

1. Waajjirri Qindeessaa piroojaktii sirna qabinsa ragaa lafa magaalaa kanaan booda ”waajjira” jedhamee kan waamamu dambii kanaan hundeeffamee jira.
2. Itti waamamni waajirichaa Biiro+odhaaf ta'a

**5. Teessoo**

Teessoon waajjira olaanaan Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachiisumaa isaatti magaalota keessatti damee qabaachuu ni danda'a.

**6. Kaayyoo Waajjirichaa**

1. Magaalota Naannichaa karooran qabaman keessatti hoji-maata sirna qabinsa ragaa qindawaa lafa magaalaa diriirsuun haala saffinaa fi bu'a qabeesa ta'een qindeesu fi akka hojirra oolu gochun rakkoo gama hoji-maata kenniinisa tajaajilaa fi qibiinsa ragaa misooma lafaa fi qabeenya lafaa wajjin wal-qabatan bulchuu keessatti mull'atan hiikuu;

2. Misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa waliin walqabatee teeknoolojii haaraa gara biyyaa gales ta'ee haaraa barbaadudhaan sirni fi hojimaatni qabiinsa ragaa lafa magaalaa qindaa'e akka diriiruu gochuu,akkasumas, qaamota dhimma kana irratti hojjetaniif deeggarsa ijaarsa dandeetti taasisuudha.

**Kutaa Lama**

**Gurmaa'ina fi Aangoo fi Hojii Waajjira**

**7. Gurmaa'ina Waajirichaa**

Waajirichi gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata

1. Boordii
2. Hojii geggeessaa fi
3. Hojjatoota hojiif barbaachisan

**8. Aangoo fi Gahee Hojii Waajjirichaa**

Waajirichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.

1. Misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa waliin walqabatee magaalota naannichaa karooran qabaman keessatti sirna qabiinsa, egumsaa fi bulchiinsa ragaa lafa magaalaa ni diriirsa; akka diriiru deeggarsa ni taasisa.

2. Sirni hammayyaa'an ragaa lafaa fi qabeenya lafaan waliin walqabatee diriiruu bu'a qabeessa akka ta'u seerotni barbaachisoo ta'an akka qophaa'an yaada ni dhiyeessa, istaandardii fi hoji-maatta ni qopheessa, yemmuu heyyamamu hojii irra ni oolcha, akka hojii irra oolu ni deeggara.

3. Sirnicha diriirsuu keessatti teeknoolojii hojii kaadastara lafa magaala hojjachuuf barbaachisaa ta'an qoratee yaada ni dhiyeessa, akka dhiyaatuu haala ni mijeessa, ni hordofa;

4. Teeknoolojiiwwan hojii kaadastara lafa magaalaattiif gara biyyaatti galan haala qabatamaa naannootiin ni madaqsa, hojii irra akka oolu ni taasisa,

5. Bulchiinsa lafa magaalaa sirna qabiinsa ragaa kaadastaraatiin gaggeessuun akka dandaa'umu wiirtuun ragaalee lafa magaalaa fi qabeenya lafaan waliqabatu akka gurmaa'an ni deeggara,

6. Misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa ilaalchisee teeknoolojii fayyadamuun akka danda'amu humni raawwachiisumaa Biiroo fi Magaalotaa akka cimu ni hojjeta, leenjii adda addaa ni qindeessa; ni kenna ,akka kennamu ni taasisa; fandii adda addaas ni barbaada,

7. Waajjiraalee yookiin wiirtuleen piroojektichaa magaalota keessatti dhaabbatan haala barbaadamuun hojjechaa jirachu isaanii ni hordofa,yeroo yeroodhaan gabaasa ni dhiyeessa,
8. Qaamoota mootummaa fi miti mootummaa dhimmi ilaalu waliin walitti dhiheenyaan ni hojjata,
9. Waajjirrichi kaayyoo dhaabbateef galmaan gahuun isaa yemmuu mirkanaa'u, qophii haala duree barbaachisaa hunda taasisuudhaan qaama hojiicha dhaabbidhaan irraa fuudhuuf ni dabarsa;.
10. Hojiiwwan biroo kaayyoo dhaabbateef galmaan gahuuf isa gargaaran Biiroo waliin mariachaa ni hojjeta;
11. Qajeelfama Biiroo fi Boordii irraa kennamuuf ni raawwata,ni raawwachiisa.

## KUTAA SADI

### Qaamoolee Bulchiinsa Waajirichaa

**9. Hundeeffama Boordii**

Boordiin Waajjirri Qindeessaa piroojaktii sirna qabinsa ragaa lafa magaalaa kanaan booda "Boordii" jedhamee kan waamamu dambii kanaan hundeeffamee jira.

**10. Miseensoota Boordii**

1. Boordiin miseensoota armaan gadii ni qabaata
   a. Pirezidaantii---------------------------------------------------------- wlitti qabaa
   b. Hoganaa Biiroo Industri fi Misooma Magaalaa..... Itti Aanaa walitti qabaaMiseensa
   c. Hoganaa Biiroo Lafaa fi Egumsa Naannoo---------------------------Miseensa
   d. Hoganaa Biiroo Haqaa -------------------------------------------------Miseen
   e. Hoganaa Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee--------------- ---Miseensa
   f. BiirooIndustri fi Misooma Magaalaatti I/G Damee Misooma Magaalaa------ miseensa
   g. Daayirektera Inistitutii Pilaanii Magaaloota ---------------------------Miseensa
   h. Itti Gaafatamaa Waajjira Proojektii--------------------Miseensaa fi barreessaa
2. Prezidaantiin Naannichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensoota boordii hir'isuu yookiin dabaluu nidanda'a.

**11. Aangoo fi Gahee Hojii Boordii**

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii niqabaata .

1. Hojii geggeessaa waajirichaa ni muuda hojii irraa ni geggeessa .
2. Caasaa waajirichaa akkasumas mindaa fi dirgoo hojjatootaa ni mirkaneessa,
3. Qacarrii, jijjiiraa, guddina sadarkaa fi hojiirra gaggeeffama itti gaafatamtota itti waamamni isaanis Hojii geggeessaa waajjirchaaf ta'an ni mirkaneessa;
4. Karooraa hojii fi baajata waajjirichaa xiinxaluudhaan qama dhimmi ilaaluuf nidhiyeesa, raawwi isaa ni hordofa,
5. Gabaasa raawwii karoora hojii qoratee ni mirkaneessa, hanqinni yoo jiraate tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, bajataa madaalee qama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeesa.
6. Waajjiricha lojastiki fi humna namaattii akka cimu ni taasisa,
7. Bulchiinsaa fi itti fayaadamnii qabeenyaa , humna namaa fi faayinaansii seera qabeessa ta'uu isaa ni mirkaneessa.
8. Qajeelfama sirna walgaíi boordii murteessu ni baafata.

**12 Sirnaa walgaíi fi murtii boordii**

1. Boordichii jiá jiáan walgaíi idiilee kan gaggeessu ta'ee akka barbaachisumaa issatti walgaíi ariifachiisaa qabaachuu ni dandaá.
2. Ajandaan walgaíi yoo xiqqaate guyya lama guyyaa walgaíin gaggeeffamuun dura miseensoota walgaíi dhaqabuu qaba.
3. Miseensoota keessa harkii caaluu yoo argamee walgaíin gaggeefamuu ni dandaá.
4. Murtiin boordichaa sagalee caalmaatiin (50+1)kan darbuu taée sagaleen walqixa yoo taée yaanii gareen walitti qabaan deeggaree murtii boorddichaati taá.
5. Qaboon yaaíi murtii boordichaa qabamee guyyaa shan keessatti miseensoota walgaíi irratti hirmaatanniin malataaée hojii irra ooluu dandaá.

6. Qaboon yaaíicha wajiirichaan qindaaée qabamee murtiin boordichaa qaamailaaluuf xalayaa wajirichaatiin dhaqaba.

13.**Muudama Geggeessaa Waajjiraa**

Hojii gegeessaan wajjirichaa Ogganaa Biiroo Industrii fi Misooma Magaalaa tiin Boordiiti dhiyaatee muudamni isaa erga mirkanaa'e booda pirezidaantii naannichaan ni mogaafama.

**14 Aangoo fi Gahee Hojii Geeggeessaa Waajjiriichaa**

1. 1.Hojii waajjirichaa ni qindeessaa, ni hoganaa,.
2. Caasaa waajirichaa akasumas mindaa fi durgoo hojatoota ni qopheessa, , yemmuu mirkanaau hojii irra ni oolcha.
3. Akkaataa seera faayinaansiitiin lakkoofsa herega baankii waajjirichaa ni bana, ni sochoosa.
4. Karoora hojii fi bajataa waajirichaa ni qopheessa ,yammuu mirkanaa'u hojii irra ni olcha.
5. Qacarrii, ramaddii, guddina sadarkaa fi hojii irraa gaggeefamuu Itti Gaafatamtoota Adeemsa Hojii itti waamamni isaanii hojii gaggeessaf ta'e ilaalchisee boordiiti dhiyeessuun ni mirkaneessisa.
6. Milkaa'ina hojii waajjirichaaf dhaabbatoota ga'ee qaban waliin qindoominaan hojjachuuf kan dandeesisu tooftaalee adda addaa baasuun hojii irra ni olcha.
7. Gabaasa Raawwii karoora hojii fi bajataa waajjirichaa kan ji'aa kan kurmaanaa fi kan waggaa qopheessuun boordiif ni dhiyeesa.
8. Akkaataa seerattiin hojjatoota yeroo ni qacarii ni bulcha hojii irraa ni gegeessa,
9. Siaa'ina hojii waajirichaatiif aangoo fi hojii issaa irraa qoodee itti gaafatamtootaa fi hojjatoota isa jala jiraniif bakka buinsaan kennuu ni danda'a,
10. Waajiricha bakka ni bu'a.

## Kutaa Afur

## Tumaalee adda addaa

**15. Madda galii**

Maddi galii waajirichaa kan armaan gadii irraa ta'a

1. Bajata mootumaan ramadu,
2. Gargaarsaa fi deeggarsa adda addaa irraa.

**16. Aangoo Qajeelfamaa baasuu**

Danbii kana hojii irra olchuuf Boordiin qajeelfama baasuu ni danda'a.

**17. Dirqama Deeggersa kennuu**

Hojii irra olmaa dambii kanaatiif qaamni mootummaa fi mitti mootummaa akkasumas namni dhunfaa kamiyyuu ragaalee barbaachisaa yemmuu waajjirichaan gaafatamu kennuuf dirqama qabu.

**18.Seeroota Raawwatiinsa hinqabaanne**

Dambii, Qajeelfama ykn barmaatileen hojii dambii kanaan wal faalleessan kamiyyuu raawwatiinsa hinqabaatan.

**19.Yeroo Danbiin Kun Itti Hojii Irra Oolu**

Dambiin kun muddee 20/2004 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

**Alamaayyoo Atoomsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Finfinnee muddee 20/2004**